# Namoota keessatti wanti lama kufrii dha: hidda dhalootaa arrabsuu fi warra du’an irratti iyyanii boo’uu

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: «Namoota keessatti wanti lama kufrii dha: hidda dhalootaa arrabsuu fi warra du’an irratti iyyanii boo’uu».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu- amaloota lama kan namoota keessatti argaman, kan kan gochoota kaafirootaa fi dalagaa warra wallaaltotaa irraa ta'an himan, isaanis: Inni jalqabaa: hidda dhaloota namootaa arrabsuu, isaan akka waan hir'ina qabanitti isaan ilaaluu fi isaan irratti of tuuluudha. Inni lammaffaa: yeroo balaan tokko nama mudate hiree san irratti aarii irraa kan ka’een sagalee ol kaasuudha, ykn abdii kutuu irraa kan ka’een uffata ofii cicciruudha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee